Nabiyyiin -Rabbiin rahmataa fi nageenya isaan irratti haa buusu- durba kutaa isiitii hin baane irra saalfii jabaa qabu turani, yeroo waan jibban arganitti fuula isaanii irraa beekna

Abuu sa'iid al-khudrii irraa akka odeeffametti -Rabbi isa irraa haa jaallatu- ni jedhe: Nabiyyiin -Rabbiin rahmataa fi nageenya isaan irratti haa buusu- durba kutaa isiitii hin baane irra saalfii jabaa qabu turani, yeroo waan jibban arganitti fuula isaanii irraa beekna.

[sirrii] [Bukharif muslim irratti waliigalan]

Abuu sa'iid al-khudriin -Rabbi isa irraa haa jaallatu- nabiyyiin muciyyoo durbaa heerumtee dhiira woliin jiraattee hin beekne kan mana isii keessatti da'attee teessu irra akka saalfatan hime, saalfiin isaanii jabaa ta'uu irraa yeroo waan jibban arganitti fuula isaaniitu jiijjiirama hin dubbatanu, sahaabonni jibbaan isaan waan sanaaf qabanu fuula isaanii irraa hubatu.

http://sunnah.global/hadeeth/om/show/3153